Tarree keessan qajeelchaa, tarree qajeechuun salaata guutuu irraayi

Anas bin Maalik irraa odeeffamee Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Tarree keessan qajeelchaa, tarree qajeechuun salaata guutuu irraayi».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namoota salaatan tarree isaanii akka qajeelfatan, akka wal hin dabarree fi akka wal duubatti hin hafne ajajan, tarree qajeelchuun salaata guutuu irraa akka ta’ee fi isa jal'isuun ammoo hanqinaa fi hir'ina akka ta'e ibsaniiru.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3031